# Guyyaa qiyaamaa keessatti miizaana mu’uminaa keessatti amala gaarii caalaa wanti ulfaatu hin jiru, Rabbiin nama baalagee safuu hin qabne ni jibba

Abuu Addardaa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: "Guyyaa qiyaamaa keessatti miizaana mu’uminaa keessatti amala gaarii caalaa wanti ulfaatu hin jiru, Rabbiin nama baalagee safuu hin qabne ni jibba".

[sirrii] [abuu daawudiifii tirmiziitu odeesse]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- guyyaa qiyaamaa keessatti miizaana mu'uminaa keessatti hojiilee fi jechoota irraa wanni irra ulfaatu amala gaarii akka ta'e himan, sunis fuula namatti diriirsuu, nama miidhuu irraa of qabuu fi waan gaarii hojjechuudhaan. Rabbiin ol ta'e nama gochaa fi dubbii isaa keessatti fokkataa ta'e, kan waan arraba isaatiin dubbatu keessatti baalagee ta'e ni jibba.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee